# XIINXALA YOOMESSA ASOOSAMA DHEERAA "DHIIGNI DHIIGA HINDHABUU"

**AMBARUU MOHAAMMAD**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR-AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIHAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**
**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**FULBAANA, 2014(2021)**
**FINFINNEE, OROMIYAA**

# XIINXALA YOOMESSA ASOOSAMA DHEERAA "DHIIGNI DHIIGA HINDHABUU"

**AMBARUU MOHAAMMAD**

**GORSAAN: FILEE JAALATAA (PHD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR-AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIHAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**
**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**FULBAANA, 2014(2021)**
**FINFINNEE, OROMIYAA**

## Galata

Duraan dursa rabbi deemsa koo qajeelchuun milkaa'ina kootiifi bu'aa ba'ii bayyee na dabarsee har'aan na ga'eef galannii koo guddaadha. Itti aansuun, milkaa'aina hojii kanaaf yeroo isaanii aarsaa gochuun kan na qajeelchaafi na jajjabbeessaa turan gorsaa koo Dr Filee Jaalataaf galanni koo guddaadha. Umurii dheertuun isaanif hawwa.

Itti aansuun abbaa koo Obbo Mohammad Tarreessaafi haadha koo Adde Algayinesh Takilu yeroo ijoollummaa koo irraa kaastanii dhamaatii isin naaf gochaa jirtanif galata jabduu narraa qabdu. Rabbiin umurii arraagessaafi fayyaa siniif yaa laatu. Akkasumas, obbolawwan koo Zaaraa Mohammadfi Isaaqi Mohammadif carraa kanaan isin galateeffachuun barbaada. Dabalataanis, hiriyaa koo Daagim Raaga galata guddaa na biraa qabda.

**Axereeraa**

*Qorannoon kun boqonnaalee shan kan of keessaa qabu yoo ta'u, boqonnaa tokko seensa, boqonnaan lama, sakatta'a barruuwwanii, boqonnaan sadi malleen qorannoo, boqonnaan afur, qaaccessa ragaaleefi boqonnaan shan guduunfaa, argannoofi yaboo kan of keessaa qabaniidha.Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa qaacceessa yoomessa asoosama dheeraa 'dhiigni dhiiga hin dhabu' yoo ta'u kunis yoomessawwaan asoosamicha keessatti argaman adda baasuu, ga'ee tokkoon tokkoon caacculee asoosamichaa afoolli asoosamichaa yoomessaaf gumaachaniifi haala qabatamaan hawaasa keessatti mul'atu asoosama 'dhiigni dhiiga hin dhabu' jedhu keessatti qaban ibsuudha.Milkaa'ina kaayyoo kanaafis kitaaba asoosamaa 'Dhiigni dhiiga hin dhabu' jedhu bifa sakkatta'a dookumentiin sakkatta'ameera.Qorannoon tokko mala ittiin adeemsifamuu qaba. Kunis mala qorannoo akkamtaatti gargaaramuun qorannoon kun adeemsifameera. Akkasumas iddattoo akkayyootti tajaajilamuun qorannoon kun gaggeeffameera. Tokkoon tokkoon yoomessa asoosamicha keessatti argaman, ga'ee caacculeen asoosamichaafi afoolli yoomessaaf gumaachaniifi haala qabatamaa mul'atuufi yoomessi asoosamichaa hammam akka walgitu akka mul'atu ibsamera.*

**Baafata**

Qabiyyee Fuula

Galata ... i
Axereeraa ... ii
Baafata ... iii
Boqonnaa Tokkoo: Seensa ... 1
1.1 Seenduubee Qorannichaa ... 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa ... 2
1.3 Kaayyoo Qorannichaa ... 3
1.3.1 Kaayyoo Gooroo ... 3
1.3.2 Kaayyoo Gooree ... 3
1.4 Daangaa Qorannichaa ... 3
1.5 Hanqina Qorannichaa ... 4
Boqonnaa Lama: Sakkata'a Barruuwwan Walfakkii ... 5
2.1. Yaadrimee Ogbarruu ... 5
2.2 Goorowwan Ogbarruu ... 6
2.2.1 Yaadrimee Asoosamaa ... 6
2.2.2 Caacculee Asoosama ... 7
2.2.2.1 Jaargocha/sabseena ... 7
2.2.2.2 Yoomessa ... 7
2.2.2. 3 Waldiddaa/Waldhabbii ... 8
2.2.2.4 Ija Seenessaa ... 8
2.2.2.5 Ergaa ... 9
2.2.2.6 Fakkaattota ... 9
2.2 Sakkatta'a Qorannoo Walfakkii ... 10
Boqonnaa Sadi: Malleen Qoannichaa ... 12
3.1. Saxaxa Qorannichaa ... 12
3.2 Mala Iddatteess ... 12
3.3 Madda Ragaalee Qorannichaa ... 12
3.4 Meeshaa funaansa Ragaalee ... 13
3.5 Tooftaa Qaaccessa Ragaalee ... 13

Boqonnaa Afur: Dhiyeessaafi Qaacceessa Ragaalee ..... 14
4.1. Ibsa Gabaabaa Waa’ee Kitaabichaa ..... 14
4.2 Subseena Asoosama Dheeraa Dhiigni Dhiiga Hin Dhabuu ..... 14
4.3. Xiinxala Yoomessawwan  Asoosama Dheeraa Dhiigni Dhiiga HinDhabu ..... 15
4.4 Hariiroo Yoomessafi Qabatamaan Oromoo Biratti Har’a mul’atu ..... 24
4.5 Ga’ee Caacculeen Asoosamichaa Yoomessa Ifa Gochuuf Tumsan ..... 26
Boqonnaa Shan: Guduunfaa, Argannoofi Yaboo ..... 28
5.1. Guduunfaa ..... 28
5.2 Argannoowwan ..... 28
5.3 Yaboo/ Yaada Furmaataa ..... 29
WABII

# Boqonnaa Tokkoo: Seensa

## 1.1 Seenduubee Qorannichaa

Ogbarruun jecha Afaan Ingiliffaa’’literature’’jedhu irraa kan moggaafame yoo ta’u, hojii kalaqa ilma namaa ta’ee, aadaa, seenaa, duudhaa, siyaas-diinagdee, hawaasummaa, amantaa, falaasama, akkasumas, haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan ittiin calaqqisifamuudha.kunis bifa miidhagina qabuufi ofitti nama harkisuu danda’uun afaan ogbarruun faayamee barreeffamaan hawaasaaf kan dhiyaatudha. Kana jechuun, addunyaa dhugaa fakkeessuufi akkeessun waan dhalli nama jireenya isaa keessatti raawwatu kalaqa ogbarruu keessatti kana ilaallamudha. Dhimmoota kana irratti barreessitoonni garaagaraa ogbarruu yoo ibsan akkana jedhu.

Akka Amaanfi Baahiruun, (2006:81) jedhanitti “Ogbarruun ogummaa waan tokko miidhaksanii dhiheessuuti.Wanti dhihaatu kun afaanin ykn barreeffamaan dhalootatti darbu” kanarraa kan hubannu, ogbarruun ibsitoota adda addaa itti dabalamuun kan kalaqamuufi barreeffama qofaan akka hin dabarre afaaniinis akka dabalatuudha. (Fedhasaa, 2017:95) “ogbarruun dhugaa addunyaarraa maddullee, kalaqa sammuu dabalata. Garuu, kallatumaan dhugaa himuuf hin dirqamu. Dhugaa sana alkallattiin kuulee miidhagsee hima. Kalaqummaa goonfachuun gabaasaalee dhugaarra adda ta’a jechuudha”. Akka yaada barreessaa kanaatti ogbarruun ka’umsi isaa taatee hawaasaa bu’uureffattuyyuu, kallatti barreessaaf mijatuun dhugaa sana fakkeessuun dhiyaassa yaada jedhu qaba. Kanaafuu bu’uurri ogbarruu taatee dhugaa ta’uuyyuu, kallatumaan taateen sun kan ifa hin taaneedha.

Ogbarruun gooroowwan akka asoosama, walaloofi diraamaa of keessaa qabu ta’ee, tokkoon tokkoon gooroowwan ogbarruu kanaa caacculeefi afaan ogbarruu ni qaba. Asoosamni hojii kalaqaa muuxannoofi muudannoo hawaasa tokkoo bu’ureeffachuun kan kalaqamuudha.Akka Fedhasaan (2017:96) irratti ibsetti “Asoosamni argaa yaada barreessan kalaqamee suura jireenya dhala namaa addunyaa keessatti kaasee kan mul’isuudha”.Yaada kanarraa kan hubannu asoosamni kalaqa argaa yaadaa ta’ee taatee addunyaa dhugaa keessatti mul’atu afaan ogbarruu fayyadamnee addunyaa kalaqaa keessatti faayamee kan barreeffamuudha. Akkasuma, Asoosamni haala jiruuf jireenya nama dhuunfaafi hawaasaa bifa wal makaa ta’een Kan ibsu ykn calaqqisiisuudha. Kun immoo filannoo jechootan lubbuu itti horuun, tokkoon tokkoon caacculee asoosamicha tarree galuun asoosama sanatti lubbuu horanii dubbisaaf bifa garaagaraan ergaa asoosama sanaa ifa godhan kan taasisanidha.

Caacculee asoosamaa keessa tokko yoomessa yoo ta'u akkuma maqaa isaa yoomifi eessatti akka gochaan sun ta'an kan giddugaleessa godhatudha. Yaaduma kana ilaalchisuun, akka (Birhaanuu Maatiwos,2013:33) Abrahams 1981 wabeeffachuun ibsutti "the setting of a narrative or dramatic work is the general locale, historical time, and social circumstance in which its action occurs" yaada barreessa kana irraa kan hubannu yoomessi seeneffamas ta'ee diraamaa keessatti iddoo, yeroo taateen sun ta'eefi naannoo hawaasa keessatti ibsame sanii kan giddugaleeffatudha. Kana irraa kan hubatamu immoo akka dhiphina jecha isaa osoo hintaane waan baldhaa kan of keessaa qabuu ta'uu isaati. Qorattuunis, yaadrimeewwan kana bu'uura qodhachuun yoomessa asoosama dheeraa "Dhigni Dhiiga Hindhabu" jedhuu kan xiinxaltu ta'a.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Ogbarruun dhimmoota hawaasaa beeksisuu keessatti gahee ol aanaa qaba.Gooroowwan ogbarruu keessaa qorattuun kan irratti xiyyeeffatte xiinxal yoomessa asoosama dheeraa Afaan Oromoo ''Dhiigni dhiiga hindhabu'' yoo ta'u qorannoo kana gaggeessuuf kan sababa ta'an keessaa;- asoosamni kun kan yeroo dhihoo barreeffameefi qorannoon biroo asoosama kana irratti hojjetaman qorattuu kan hinquunnamnefi qorattuun kun asoosama kana haalaan dubbistee waan hubatteefidha. Dabalataanis, qorannoo kana gaggeessuuf kan ka'umsa ta'an yeroo baay'ee haayyoonni hiikaa ogbarruu yeroo kennan ogummaa barreeffamaa qofa akka ta'etti ibsu.Kun immoo ogummaan barreeffamaa leellifamee afoolli akka keessa bahu ta'eera.

Qorattuun tunis kanuma bu'ura godhachuudhan afoolawwan asoosamicha keessatti barreeffaman kan akka mamaaksaa, geerarsaaf jechamoonni adda addaa yoomessa asoosama "dhiignii dhiiga hindhabu" jedhuf adda baastee waan ilaaltufidha. Kun immoo yoomessi akkuma ilaalamu yoomifi eessa qofa osoo hintaane dhimmmota dhoksaan hawaasa marsanii jiran, bara kam? Bara bulchiisansa kam keessa? Haala dinagdee akkamii keessatti? Bona ganna moo arfaasaa? Ji'aafi guyyaa dabalatee, ji'a ykn guyyaan sun immoo Oromoof akkamitti akka ilaalamu kan itti qaaccessiitudha. Iddoo dabalatee immoo baadiyyaa moo magaala? Baddaa moo gammoojjii ala moo manafi kkf haala keessatti barreeffame dabalatee akka xiinxaltuuf ka'usafi kaayyoo jalqaba qorattuuti.

Barreessitoonni ogbarruu tokko yeroo barreessan haala jiruufi jereenya hawaasaa, siyaas dinagdee, duudhaafi aadaa hawaasaa giddu galeeffatanii haa barreessan malee, yoomessa ogbarruu ifatti mul'achuu hindanda'u. kanaafuu, qorattuun yoomessa asoosama filatamanii haala

qabatama hawaasa keessa jiruufi jireenya Oromoofi Oromiyaa maal akka dabarsu, madaafi miidhama Oromiyaa baroota hedduu akkamitti akka keessa jiruufi madeeffamuufi miidhama ilmaan Oromoof sirnoonnin adda addaa asoosama kana keessatti waan argamaniif tokkoon tokkon isaanii adda baastee ibsuu kaka'umsa guddaa kan ta'efidha. Qorannoon kunis gaaffilee armaan gadii kana deebisuu danda'a. Isaanis:

1. Taateewwan asoosamichaa yoomessa akkamii keessatti raawwataman?
2. Afoola asoosamicha keessatti dhimma itti Bahaman yoomessicha ibsuu keessatti ga'ee akkamii qabu?
3. Yoomessi asoosamichaafi haalli qabatamaa seenaa isaa hariiroo maalii qabu?

### 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kamiyyuu kaayyoo qoratamuuf qaba. Qorannoon kun kaayyoowwan gooroofi gooree of keessaa qaba. Isaanis armaan gaditti ibsamaniiru

#### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon dhimma guddaa hojii tokkoo yoo ta'u, .Kaayyoo gooroon qorannoo kanaas xiinxala yoomessa asoosama dheeraa "Dhiigni Dhiiga Hin Dhabu'' jedhu ta'a.

#### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoo gooreen hojilee murta'oo hojii tokkoo yoo ta'u, Kaayyoon Gooree qorannoo kanaas:

1. Yoomessa asoosama "dhiigni dhiiga hin dhabuu qaaccessuun adda baasuu.
2. Hariiroo yoomessa asoosamichaafi qabatamaan ummata Oromoo keessatti mul'atu seenicha irratti hundaa'uun sakatta'un xiinxaluu.
3. Ga'ee caacculeen asoosamichaafi afoolli yoomessa ifa gochuuf gumaachan sakkata'uun ibsuu.

### 1.4 Daangaa Qorannichaa

Ogbarruu tokko kan ogbarruu jechisiisu, fayyadama afaan isaati. Meeshaan guddaan ogbarruu afaani. Kun immoo hojii barreessaa kan ta'e haalafi karaa kamiin ogbarruu tokko bareechurra darbee ergaan ogbarruu sanaa karaa adda addaan akka ilaalamu taasisa. Ergaa sanatti lubbuu itti horuun hawaasa biratti fudhatamummaa akka argatuufi dhugaa hawaasaa bu'ureeffachiisee kalaqa. Ogbarruun yaad rime bal'aa of keessaa kan qabuufi gooroo hedduu waan hammatuuf,

waa'ee ogbarruu mitii, caacculee asoosama tokkootu iddoo tokkotti qorachuun ulfaataafi kan hin danda'amne waan ta'ef caacculee ogbarruu keessa asoosama; caacculee asoosamaa keessa immoo yoomessa irratti kan xiyyeffataedha. Kanaafuu, daangaan qorannoo kanaa xiinxala yoomessa asoosama dheeraa afaan Oromoo"Dhiigni Dhiiga Hin Dhabu"jedhu yoo ta'u, fuulleffannaan qorattuu asoosama filatame irratti yoomessawwan ifaafi dhokataa ta'an ykn haala adda addaa keessatti barreeffaman kan xiinxaltu ta'a.

### 1.5 Hanqina Qorannichaa

Hojii kamiiyyuu hojjetanii xummuruuf rakkoon adda addaa nama muuddachuu danda'a. Kun immoo hojii qorannoo keessatti akka hanqinaatti ilaallama. Hanqinni kunneenis:- Hanqina yeroo,hanqina maallaqaafi madda ragaa adda addaa ta'uu danda'a. Hanqina yeroo, qorannoo kana haala gadi fageenya qabuun waa'ee asoosama sanaa, ergaa asoosamaan caaccule asoosamaa biroo kanneen akka, namfakkii, ergaa, subseenaa ija barreeffama, waldhabbiifi kanneen biroo a qaaccessuu dhabuun yoomessa qofa irratti akka ta'uuf qorattuun sababa yerootiin mata duree daangessiteerti. Kun immoo yeroo barnootaa waan ta'eefidha. Haa ta'u malee qorattuun yeroo boqonnaa isheetti gargaarramtee rakkoo kana jala ni dabarti. Hanqina kitaabaafi waraqaa qorannoo sadarkaalee barnoota garaagaraa irratti qorataman baay'inaan dhabamuu. Rakkoon kun immoo kitaabileen Afaan Oromoo waa'ee dhimmota ogbarruu dhabamuun kitaabilee afaan biroo sakatta'uun milkaa'uu ni dandeessi.

# Boqonnaa Lama: Sakkata'a Barruuwwan Walfakkii

Boqonnaa kana jalatti barruuwwan kan sakkata'aman yoo ta'u, kunis yaadrimee ogbarruu, asoosama caacculee asoosamaafi qorannoowwan walfakkii iddoo keessatti ka'aniidha.

## 2.1. Yaadrimee Ogbarruu

Hiikni ogbarruuf kennamu yeroofi hayyootatti garagarrummaa haa qabattuyyuu malee hojii kalaqaa keessa kan isa baasuu miti. Kun immoo bal'achuufi barreessitoota bareessitoottatti garaa rarummaa qabaachuu kan agarsiissudha.

Ogbarruun taatee dhugaa hawaasaa keessatti mul'atu fakkeessuufi akkeessun kan barreeffamuudha.Akka Birhaanuun, (2013:9) "The word literature refers to works that present an imaginative creation of reality through an artistic use of language". Jechi ogbarruu jedhu hojii kalaqaa taatee dhugaa hawaasa keessatti mul'atu kalaqa aartiifi fayyadama afaanitiin kan kaa'amuudha. Kanarraa kan hubannuu ogbarruun, kan bu'ureeffatu taatee dhugaa ta'uuyyuu, garagarcha dhugaa hawaasaa osoo hin taane fakkeessuu ykn akkeessudhaan afaan fayyadamnee kan kalaqamu ta'uu isaati.

Yaaduma kana ilaalchisee:

> Ogbarruun kalaqa sammuu dhala namaa barreeffamaan jiru hunda hammata. Garuu ogbarruun waan barreeffamee jiru hunda osoo hin taane, waan kalaqa Sammuu dabalatu qofa. Innis, ulaagaa ittiin kaan irraa adda ta'u qaba. Jalqabu- Marratti bifa miidhagina qabuun sammuu namaa hawwachuu akka danda'utti Mijeeffamee kalama ta'uus garuu, barreeffamoonni miidhagina qaban hundi ogbarruu ta'u jechuu miti. (Fedhasaa,2017:95)

Yaada kanarraa kan hubannu ogbarruun hojii ogummaadhan faayame ta'ee, jiruufi jireenya hawaasaa giddugaleessa godhatee kan barreeffamuudha. Dabalataanis hojii kalaqaa ta'uu isaa kan ittiin beekkamu filannoo jechootaafi bifa miidhagina qabuun kan barreeffamuudha. Barreeffamoonni hundis ogbarruu ta'uu akka hin dandeenye yaada barreessaa kanaarraa kan hubannuudha.

Kanaafuu akka waliigalaatti ogbarruun hojii kalaqa namoota ciccimoo ta'ee, Jireenya hawaasummaa keessatti kan nama muudatu gaddiifi gammachuu, badiifi badhaadhinaafi kkf kan ittiin agarsiifamaniidha. Ogbarruun ilmi namaa dhugaa kan ittiin argu qofa osoo hin

taane dhugaa argee kan ittiin too'atuudha. Kanaafuu ogfbarruun daawwitii hawaasni keessatti of ilaalee jiruuf jireenya isaa ittiin miujeeffatuudha.

## 2.2 Goorowwan Ogbarruu

Hayyoonni goorowwn ogbarruu haala garaagaraatin qoodu. Isaan keessaa Birhaanuu, (2013:21**)** " Written literature exist in three major form. These are fiction, poetry and drama". ogbarruun barreeffamaa gooroowwan gurguddoo sadi of keessaa qaba. Isaanis:- asoosama, walaloofi diraamaadha. Kana malees dhimmuma kanarratti waa'ee qoqqooddii ogbarruu karaa biraanis, ibsamee jira.

Yaaduma armaan olii kan deeggaru, (Fedhasaan, 2017:95-96) bareessitoota garaagaraa wabeeffachuun yoo ibsu,

Qoqqooddi ogbarruu barreeffamaa irratti yaadni falmisiisaan nijira. Kunis, jecha 'literature' jedhu yeroo hiikamu kalaqa kan hintaanes akka dabalatutti yeroon ilaalamu nijira. Ogbarruu bakka afuritti qoodins ni jira.isaanis, asoosama, walaloo, diraamaafi alasoosama jechuun kaa'a. kun immoo walaloo,asoosamaafi diraamaan warra argaa yaadan kalaqaman jechuun ibsaa. Kanaafuu, alasoosamni barreeffama dhugaa himan waan ta'aniif garee ogbarruu jala ba'u yaada jedhu qaba.

### 2.2.1 Yaadrimee Asoosamaa

Asoosamni gooroo ogbarruu keessaa tokko ta'ee, hojii kalaqaa taatee hawaasa keesssatti qabatamaan mul'atan fakkaattota addunyaa kalaqaa keessatti kalaqeessa kan hawaasa ittiin barsiisu, gorsuufi kakaasu gochuu dandeenya. Kanaafuu, Asoosamni haala jiruuf jireenya nama dhuunfaafi hawaasaa bifa wal makaa ta'een Kan ibsu ykn calaqqisiisuudha. Kun immoo filannoo jechootan lubbuu itti horuun, Haala mul'achuu danda'uun, amala hawaasummaa kan qabu suura /fakkii hawaasni keessatti of ilaaluudha.

Yaada kana irraa kan hubannu asoosamni haala hawaasa tokkoo kan mul'isuudha.kana yeroo jennu asoosamni kalaqa filannoo jechootan faayame ta'ee garee hawaasaafi jireenya nama dhuunfaa kan keessatti mul'atu daawwitii hawaasati. Dabalataanis, asoosamni hojii namoota sammuu ciccimoon kan kalaqamu ibsituu seenaa, eenyummaa, duudhaa, safuu, muuxxannoo, muudannoofi kkf kan ittiin mul'atu, barsiifamuufi hubatamuudha. Kanaafuu, asoosamni calaqqee eenyummaa hawaasa tokkooti jechuu dandeenyadha.. Akka Birhaanuun (2013:29)

jedhetti "Fiction refers to any narrative literature created from the authors imagination rather than from fact" jedha. Akka yaada barreessaa kanaa irraa hubannutti asoosamni seeneffama kalaqaa barreessaan sammuu/yaada isaa kalaqe malee ykn dhugaa hawaasa keessa jiru ka'umsa godhannee kan barreeffamu malee waan qabatamaan argamu miti. Innis namoota addunyaa dhugaaa keessa jiruun osoo hin taane namoota addunyaa kalaqaatiin ta'a.

### 2.2.2 Caacculee Asoosama

Asoosamni caacculee garaagaraa irraa ijaarrama. Fedhasaan immoo ruqiilee asoosamaa jechuun kan ibse yoo ta'u Jaarraafi Wasaniin immoo miseensota asoosamaa jechuun ibsan. Kun immoo maqaa dhaabbataan qaamolee asoosamaa dhibuu isaa hubanna. Akka Fedhasaan (2017:97) irraatti ibsetti, "Seenaan asoosamaa ruqiilee torbarraa ijaarrama.Asoosama dheeraas ta'ee gabaabaa ruqiilee isaan kana of keessaa qaba. Ruqiileen sunninis asoosama barreessufis ta'ee xiinxaluuf hedduu barbaachisa.

#### 2.2.2.1 Jaargocha/sabseena

Jaargochi qindoomina sababaafi bu'aa asoosama sanaa kan ta'eedha. Akka Amaanifi Baahiruu (2006:82) irratti ibsanitti, "Caasaan seenaa asoosamaa keessatti qindoomina seer-gocha seenichaa kan ibsuudha. Tartiiba gochaa sababaafi bu'aa ibsuuf oola"jedhu. Kanaafuu jaargochi haala seenaa asoosama tokkoo sababaafi bu'aan walqabatee taatee ijaara. Kun immoo sababa dhimma tokkoof bu'aan waayii argamuu kan agarsiisudha.

Kanaafuu jargochi ijaarsa gochoota seenaa asoosama sanaa jechuudha. Kun immoo adeemsa ijaarsa seenaa sanaa keessatti tokkon tokkon ka'umsa seenaa sababaafi bu'aa isaa walii qindaa'ee kan ibsamuudha. Innis akka Fedhasaan, 2017: 97-102) ibsutti jaargocha keessa taatewwan adda addaa kan akka saaxila, finina,bantimiira, sigigoofi furmaata jechuun kan kaa'u, barreessan asoosama garuu jargocha karaalee adda addaa kan akka, gudduu,jalqabaafi xumura ykn xumura, gudduufi jalqaba ykan karaa biraa jalqaba gidduufi xumura irraa eegaluu akka danda'u ibseera.

#### 2.2.2.2 Yoomessa

Yoomessi bara, iddoofi haala taateen asoosama sanaa keessatti raawwate kan ibsuudha. Kun immoo bifa ifa ta'een kan hubatamu osoo hin taane,qooda fudhattoota ykn fakkaattota asoosamichaa, waldhabbii, ijaarsa jaargochaafi wkf irraa kan hubatamudha. Akka Jaarrafi Wasaneen (2008;139) yoo ibsan "Yoomessi iddoo fudhataan jiraatee /iddoo seenaan tokko itti adeemsifamu ykn itti raawwate akkaataa jireenya namootaa iddoo san yeroo san jiraatan aadaa,

amantaa, ilaalcha, siyaasaf sadarkaa jireenya namoota iddoofi naannoo san jiraatan, akkasumas qilleensafi lafa iddoo sanii dabalata"jedhu. Kana jechuun yoomessa iddoo qofarraa osoo hin taane haala irraa kan barru jechuudha.

Karaa biraan yoomessi kallatti bakka,yeroo ykn iddoo sana qofa ta'uu dhiisuu danda'a. kana jechuun taateewwaniifi gaddidduu hawaasaa jala dhokachuun himamuu danda'a. Fedhasaa, (2017: 102) irratti yoomessa yoo ibsu,

Yeroon kallattiifi alkallattiin kan ibsamuyemmuu ta'u, jaarraa dhimmi sun irratti xiyyeeffatun walqabatee haala hawaasummaa tuqa. Yeroo sana keessa hawaasni gaddaa ykn gammadaa, acuucaa ykn bilisoomaa, hiyyeessa ykn sooressa ta'uu danda'a. seenaan asoosamas, haala hawaasaa kana kan calaqqisisuu yoomessa keessatti.

#### 2.2.2. 3 Waldiddaa/Waldhabbii

Waldiddaan, waldhabbii fakkaattota giddutti asoosama keessatti mul'atuudha. Kun immoo waan dhalli namaa addunyaa dhugaa irratti argachuuf waldhabaniin walfakkaata."Addunyaa asoosamaa keessatti asoosessaan walitti bu'iinsa uumudhan waldorgommii addunyaa dhugarratti ta'u calaqqisiisa. Kaayyoon asoosamaa inni guddaan jiruuf jireenya keenya keessatti rakkooleen adda addaa akka nu hin muudanne nu barsiisudha" (Jaarraafi Wasanee, 2008:140). Kanaafuu waldiddaan fakkaattotaan asoosama keessatti mul'atu waldiddaa hawaasaa irraa barressaan waraaba yaada jedhu qaba.

Waldiddaa kunnenis gosoota garaagaraa qabu. Kun immoo waldiddaa alaafi kan keessaa yoo ta'u, waldiddaan keessaa kan namni tokko sammuu isaan raawwadhu moo hin raawwadhu jechuun ofiin yaada isaan walmormu yoo ta'u kana alaa garuu, namaafi nama, namaafi uumaa, namaafi uummaama, namaafi tookinoolojjii ta'uu danda'a.

#### 2.2.2.4 Ija Seenessaa

Ijji seenessaa caacculee asoosamaa keessaa t ta'ee, kallattii seenaan irraa himamu kan ibsuudha. Akka Birhaanuu (2013:39) Show wabeeffachuun yoo ibsu, "Point of view is the reletion through which writers narratives or discusses as subject, whether first, second or third person" jedha. Waraabbii kanarraa kan hubannu, seenessaan asoosama sana yeroo qindeessu ykn dubbisamu ramaddii 1ffaa, 2ffaa ykn 3ffaa ta'uu danda'a.

Kanaafuu kallattiin seenaan sun itti himamu, nama ani jechuun ibsu yoo ta’e kallatti ramaddii tokkoffaafi ramaddii sadaffaan immoo isheen, inni ykn isaan jechuun yoo seenesseedha. Kanarraa kan hafe kallattii 2ffaan baay’inaan kan hinmul’anneefi diraamaa keessatti bay’inaan kana dhimma itti ba’an ta’uu isaati.

### 2.2.2.5 Ergaa

Barreessan yeroo ogbarruu kalaqu ergaa dabarsu qaba. Kaayyoo guddaan barreessas ergaa barbaade dubbisttoota biraan ga’uudha.Fedhasaa (2017:114) “Ergaan asoosama kamiyyuu qophaa ba’ee dhaabbachuu hin danda’u. Jiraachuunsaa dhoksaan dhimmoota birootiin maramee dubbistootaf dhiyaata. Ergaan asoosamaa waan jiruufi jireenya namaa keessatti mul’atudha” jedha. Kanarraa kan hubannu, ergaan caacculee asoosamaa irraa kan hubatamaniidha. Akkasumas, ergaan dubbisaadhaa dubbisaatti garaagarummaa qabaachuu danda’a. Asoosamni gabaabaan ergaa tokoo qofa yoo qabaatu asoosamni dheeraan garuu ergaa hedduu qabaachuu danda’a. Innis ilaacha dubbisarratti hunda’a.

> Asoosamni kamiiyuuu ergaa giddugalaa dabarsurratti irratti xiyyeeffatu ni qaba. Ergaan asoosamaa muummuchi ykn guddichi kun garuu kan darbu qophaa isaa osoo hin ta’in ergaawwaan xixiqqaa adda addaattin marsameeti. Kana jechuunis ergaa asoosama isa guddaa irratti ergaawwan xixiqqoo adda addaas ni darbu. (Jaarraafi Wasanee,2008:141)

Yaada kanarraa kan hubannu asoosamni ergaa xixiqqoo hedduu qabaachhun, ergaa xixiqqaan waliitti dhufuun ergaa guddaa tumsu ykn dabarsuudh. Kun immoo kan adda baafamu fakkaattota gurguddoo irraati.

### 2.2.2.6 Fakkaattota

Fakkaattonni asoosama keessatti taatee adda addaa raawwataniidha. Birhaanuu (2013:34) “Characters in fiction are imaginary people created by writers to take part in the action of the work” jedha. Waraabbii kanarraa kan hubannu, fakkaattoonni namoota hojii kalaqaa keessatti barreessan kalaqamuudha. Kun immoo namoota kalaqaan asoosama tokko keessaatti gochaa dhalli namaa raawwatu mara kan raawwatudha. Yaaduma kana ilaalchisee,

> Qooda fudhataan nama addunyaa kana irra dhugaadhan jiraatu osoo hin taane, kan asoosessaan tokko addunyaa mataa isaa uumee addunyaa sana keessatti jiraachisuuf uumedha. Asoosama tokko keessaa hafuu kan hin dandeenye qooda fudhattoota. Sababani isaatis asoosessaan ergaa isaa kan dabarfatu qooda fudhaataa irraa waan ta’eefi. (Jaarraafi Wasanee, 2008;138-139)

Yaada barreessitoota kanaa irraa kan hubannu, ergaan asoosama tokkoo kan hubatamu fakkaattota irrati. Dabalataanis, fakkaattoonni kan dhugaan addunyaa keessa jiraatu osoo hin taane, addunyaa kalaqaa barreessan uumeefi gochaa barreessan qoodeef dabareen raawwat.Yaaduma kana kan deeggaru,

> Namfakkiileen kan jiraataan addunyaa barreessaa isaanif uume keessa qofa. Addunyaa keessa jirru kanatti as hin ce'an. Lubbu maleeyyii ta'aniis, seenaa asoosamichaa keessatti amala lubbu qabeessa horatu. Akkuma namaa nyaatu; nidhugus. Ni dubbatu; rakkinaafi daraaramni isaarra gaha. Jireenya qannoottis jiraachuu danda'u. Kan hiyyummaan gubatanis lakkofsan heddudha.( Fedhasaa,2017:104)

Walumaagalatti fakkaattonni addunyaa kalaqaa keessatti bu'aa ba'ii jireenyaa dhala namaa muudatu maratu isaan muudachuu danda'a. Kan namni addunyaa dhugaa lafarratti raawwatu isaan immoo, addunyaa kalaqaa keessatti kan raawwataniidha.

## 2.2 Sakkatta'a Qorannoo Walfakkii

mata duree kana jalatti qorannoowwan kanaan kan walfakkaatan bakka itti sakkatta'aman ta'ee, tokkummaafi garaagarummaa qorannoowwanii, hanqina qorannoo sakkatta'ameefi qorannoon kun immoo rakkicha haala itti fureefi k.kf bakka itti ilaallamuudha.

Qorannoon mata duree kanaan walfakkatu, qorannoo Tashoomaa Taaddasaa 2010/2018 mata duree "XIINXALA FAKKAATTOTAAFI YOOMESSA ASOOSAMA QORAATTII SAMMUU" kan jedhu yoo ta'u qorannoon kun boqonnaa afuritti qoodame kan qoratamedha. kaayyoo irratti hundaa'ee qorannoo bu'uuraa yoo ta'u, malli dhiyaannaa mala ibsutini. Maddi raga qorannoo madda raga tokkoffaa yoo ta'u, innis asoosama 'Qoratti Sammuuti'. Tooftaan xiinxala ragaalee immoo mala akkamtaa ykn yaadrimeedha.

### Tokkummaa qorannoowwanii

- ❖ Lachuun afaan Oromoon qoratamanii.
- ❖ Gama yoomessa asoosamaa xiinxaluu irratti walfakkatu.
- ❖ Sadarkaan qorannoo lachuu 'BA' irratti.

### Garaagarummaa Qorannoowwanii

- ➢ Barrifi asoosamni qorannoon irratti taasifame gargari
- ➢ Kaayyoon qorannoo kanaa yoomessa kan giddu galeessa godhate yoo ta'u, kan qorannoo sakatta'ame immoo, fakkaattotafi yoomessa

- Gama argannoon qorannoon kun yoomessa dabalatee hariiroo caacculeen asoosamaa yoomessaf gumaachan irratti xiyyeeffachuun qorannoo kanaa qorannoo sakatta'ame irraa adda taasisa.

Kanaafuu akka waliigalatti qorannoowwan sakatta'amanfi qorannoon kun kan isaan walfakkeessuufi gargar baasu kan qaban yoo ta'u, qorannoon lachuu gama sadarkaa barnoota walfakkaata 'BA'fi Afaan Oromoon kan qorataman walakkaan qorannoo sakatta'amee yoomessa asoosamaa xiinxaluu yoo ta'u walakkaan immoo fakkattota qaba. Kun immoo kallattiin ibsa isaa, gara yoomessaafi fakkaattota walitti hidhuun kan qoiratameedha.

# Boqonnaa Sadi: Malleen Qoannichaa

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo irratti hundaa'e qorannoo bu'uurati. Sababni isaas kaayyoo qorannoo kanaa yaaxina waa'ee yoomessa asoosamaa irra dhaabachuun qorattuun yoomessa asoosama 'Dhiigni Dhiiga Hin Dhabu'kan qaaccessituudha.Haaluma kanaan yaadrimee asoosamaa, caacculee asoosamaa, yoomessa keesssatti ibsame bifa adda addaan kan gargar baastu waan ta'eef qorattuun qorannoo bu'uurati jechuu dandeesse.Mala /haala dhiyeenyaan immoo qorannoon kun qorannoo mala ibsituun kan dhiyaatedha. Sababni isaas qorattuun malli ittin ragaa dhiyeessitu  mala ibsituun  yoomessa asoosamaa bifaaf haala qabiyyee isaa, maalummaa yoomessa asoosamaa, akaakuuwwan yoomessi keessatti ibsamanii asoosamicha keessatti argamanii fwkf mala ibsituun waan qaaccessituuf ykn xiinxaltuuf  mala ibsituu ta'e.

Malli xiinxala ragaalee qorannoo kanaa, xiinxaala yaadrimee/akkamtaadha.Sababni isaas waa'ee yoomessaafi haala qabiyyee isaa dhimmoonni qorannoo kanaan walqabatan hundi lakkofsaan osoo hni taane yaadani waan ta'eef akkamtaa/yaadrimee ta'e. kun immoo kallattii akkamtaan yoomessa asoosamichaa haala adda addaa keessatti kan ilaaltudha.

## 3.2 Mala Iddatteess

Iddattoon bu'uura qorannooti. Malli iddattoo qorattuun fayyadamtes mala iddattoo akkayyoo ykn fuulleffannaati. Sababni isaas qorattuun,  asoosama dheeraa "Dhiigni Dhiiga Hin Dhabu"  jedhu haalan dubbisuun waan hubatteef,  yoomessa asoosama kanaa kan qaaccessituudha.

Mala akkayyoo ykn fuulleffataa jechuun mala qorataan yookin qorattuun tokko dhimma sana irratti hubannoo argachuun kallattii beekumsa isaa kuufattee qoatamuudha. Kanaafuu qorattuun qoannoo kanaas kan mala kanatti fayyadamteef haalan qoannicha hojjechuuf asoosamaqoannoof filatte irratti dubbistee waan hubateefidha.

## 3.3 Madda Ragaalee Qorannichaa

Maddi raga qorannoo kanaa madda raga tokkoffaadha. Kun immoo kallattiin kitaaba ykn asoosama kenname sana sakatta'uun ragaaleen jiran abba ittii xiinxalamanidha.

Qorattuun madda ragaalee qorannichaa gaggeessuuf itti fayyadamte asoosama dheeraa  Afaan Oromoo 'Dhiigni Dhiiga HinDhabu'.Dabalataanis kitaabilee, qorannoowwan waa'ee yoomessa asoosamoota Afaan Oromoo kaasanifi qorannoowwan dhimma kanaan walfakkaatan yoo ta'u,

kunis kitaabilee Afaan Oromoon ala kitaabilee Afaan Ingiliffaafi Afaan Amaarriffaaaatti dhimma ba'uun ni qoratti.

### 3.4 Meeshaa funaansa Ragaalee

Qorattuun qorannoo kana gaggeessuufi argannoo irra ga'uuf meeshaan funaansa ragaa sakatta'a sanadaa kitaabileefi asoosama dheera " Dhiigni Dhiiga Hindhabu" jedhufi kitaabilee wabii biroo sakattaatetti. Kun immoo adeemsawwan adda addaa keessa darbuun kan raawwatamedha.

Jalqaba asoosama dheeraa dhiigni dhiiga hin dhabu jedhu haalaan dubbisuun, tokkoon tokkoon yoomessa asoosamichi keessatti barreffamee qaaccessun arganno irra geessetti. Haaluma kanaan dubbisni kitaabicha akka waliigalaatti ta'eera.Itti aanuun, asoosamni kitaabicha ibsuufi bakka bu'uu danda'an jedhaman sakkatta'uun raawwatameera.Sakkatta'insa ta'eenis , yoomessawwan haala adda addaa ibsa, fakkeenyaaf, hiyyuumaa, gabrummaa, hiyyuummaa, soorummaafi kkf adda ba'uun kaayyoo gooree irratti hundaa'uunhojiin yoomessoota adda qooduu ta'eera. Dhumarrattis akaakuu isaanii irratti hundaa'uun matadureewwan ka'an haala agarsiisuu danda'aniin boqonnaa itti aanuu keessattii qaaccefamaniiru.

### 3.5 Tooftaa Qaaccessa Ragaalee

Qorannoo mala ykn toofta xiinxala ragalee qaba. Isaanis akkamtaa ykn hammamtaa ta'uu danda'u. Tooftaan xiinxaala ragaalee qorannoo kanaaf barbaachisa ta'e, xiinxaala yaadrimee/ akkamtaadha. Sababni isaas xiinxalli qorannoo kanaa lakkoofsan osoo hin taane yaadrimeedha. Addunyaa (2011:11) yaada kana yoo ibsu, Ciminni qorannoo akkamtaa gaaffiiwwan akkam? Maalif? jedhan kaasuun gadi fageenyan xiinxaluurratti humna waan qabuuf, amanuufi hubannoo babal'isuuf haala mijeessuusaati. jedha. Kanuma ka'umsa godhachuun mala akkamtaa fayyadamuun qorannoon kun gaggeesamera.

Kanaaf maalumman caacculee asoosamaa, maalummaa yoomessaafi yoomessawwan asoosamichi keessatti barreeffaman, akaakuuwwan yoomessa ibsamanifi haala hojiirra oolmaafi wkf kan ittin xiinxaltu akkamtaan ta'a.

Qaacceessuu jechuun qorannoo gadifageenyaan waan tokko irratti taasifamu ykn waan walii galaa tokko unka xixxiiqqaatti caccaabsuun ilaaludha. "Analsis is detaile examination of the elements or structure of something and separation of awhole into its component parts" (David,1975).

## Boqonnaa Afur: Dhiyeessaafi Qaacceessa Ragaalee

Mata duree kana jalatti ragaaleen bakka itti qaacceffamaniifi dhiyeeffamanidha. Kun immoo haala kaayyoo gaaree keenya galmaan ga'uu danda'utti kan qaacceffamu ta'a.

### 4.1. Ibsa Gabaabaa Waa'ee Kitaabichaa

Asoosamani " Dhiigni Dhiiga HinDhabu" jedhu Jawaaroo Nagayootin bara 2018 akka lakkofsa Awurooppatti kan maxxanfame yoo ta'u, asoosama dheeraa fuula175 kan qabuudha**.**

### 4.2 Subseena Asoosama Dheeraa Dhiigni Dhiiga Hin Dhabuu

Dubartii Almaaz Hordofaa kan jedhamtu jireenya ishee ijoollummaa kaaste amma haadha Bariitee jedhamtuufi Bariiteen umuriin ishee barumsaaf ga'utti jireenya karaarra nama jiraattudha. Haa ta'u malee Bariiteen yeroo barumsaaf gechutti abban ishee eenyu akka ta'e baste himurratti rakkachaa turtus, waan Kennaa waliin dabarte yaadattee Bariitee Kennaa jechuun mucaa ishee mana barumsaa geessite. Haa ta'u malee, Kennaan eessa akka jiru hin beektu. Yeroo isheen dhaqxu waardiyyoonni mana barumsichaa kadhattuu jechuun galchuu didanis, gargarsa Obbo Tolasaan Bariteen barachuu dandessetti. Ta'uuyyuu haati mana obbo Tolasaa, Bariiteefi haadha Bariitee sababa Oromoo ta'aniifi afaan Oromoo haasa'an qofaaf jibbitee isaanis, Obbo Tolasaan haadha manaa dhoksuun haadha Bariiteefi Bariitee gargaaruun barnoota ishee itti fufte. Haaluma kanaan Bariiteen barnoota ishee cinaatti maajikiin cimaa dhufuun guyyaa tokko baadhasa maallaqa guddaa badhaafmte. Maallaqa saniinis hoteela guddaa MIILA BAKER WAREE jedhu banuun haadha ishee waliin boqonnaa jireenyaa kan biraa jalqaban. Barnoota isheenis muummee seeraa yuunivarsiitii Finfinneetti barachaa haadhaa gargaarsaafi hojii hoteelas eegalte.

Garuu, haati Bariitee abbaan isheefi haati ishee eenyu akka ta'an hin beektu. Nama Orommummaa ishee barsiisan Obbo Baalcha qofa beekti. Obbo Balchanis Almaaaz waa'ee Orommuummaa gorsaafi barsiisaa turaniyyuu booda obbo Baqqalaa waliin jireenya karaarraa eegalan. Akka obbolawwanitti waggaa hedduuf kararra erga waliin jiratanii booda obbo Baqqalaan du'aan addunyaa tanarraa boqatan.

Namni obbo Margaa jedhamuufi Addee Hinseenne jedhaman, mucaa dhiiraa tokko dabalatee magaala Finfinnee naannoo Shiroo Meedaa/ Mujjaa jedhamu osoo jiraatanuu jireenyi waan itti ulfaateef gara maatii Hinseennee magaalaa Baatutti godaanan. Sana booda mucaa biraa Firaa'ol

jedhamu godhatanii Dureessan garuu qaamanis ta'ee barnootaan dabalaa dhufe. Innis barnoota sadarkaa olaanoo yuunivarsiitii finfinnee isa qaqabe.

Obbo Tolasaan haadha manaa Azeeb jedhamtu kan sanyiin ishee Tigiraay taate irraa ilma dhiiraa Zalalamiifi mucaa Durbaa Galaanee godhatanis akka yeroo jalqabaa walfuudhanii osoo hin taane jaalalli isaanii qorraa dhufe. Adde Azeebis, Orommumma akka malee jibbuun ishee yeroo baayyee waldhabbii isaanif sababa ta'era. Kanarra darbee ijoollee isaanii aadaa Oromoo akka jibbaniifi kan ishee akka jaalatan taasisuuf carraqqiinn ishee daangaa dhaera. Booda garuu intalli isaanii Maqaleetti galtee ilma Tigiraay kan ta'e sanyii haadha ishee waliin bultii godhatte. Mucaan isannii immoo baratee eebbifamauun qiddu gala qorannoo seenaa Oromoo banuun hojii boonsaa hojjeta. Obbo Tolasaan garuu gaafa eebba mucaa isaa Zalaalam balaa konkolaatan addunyaa kanarraa boqatera. Adde Azeeb immoo sababa balaa konkolaataan miilli mirgaafi harki mirgaa irraa citeera.

Bariiteen osuma yuunivarsiitii Finfinnee barattuu Dureessan walbarte. Duressanis Bariiteefi haadha Bariitee waliin hariiroo uumuyyuu, akka tasaa guyyaa irrechaaf qophaa'ani osoo deemuf jiranu, abbaan isaa akka du'e dhaga'e. sana booda Bariiteefi haadha Bariitee waliin sirna awwalcha margaaf osooo deemaa jiranii karaarratti obbo Bulchaa du'ee argan. Innis, waraqaa korojoo isaa keessa argame haati Bariitee akka intala isaa taateefi seenaa jalaa dhokachuuf jecha maqaa Bulchaa akka baafate barresse. Haaati Bariitees,boosse, reeffa isaa gara Baatuu fudhachuun Margaa awwaluuf yooo jedhan, Margaanis kennaa abbaa Bariitee, akkuma Hordofaa maqaa jijjirrate, Haati Bariitees reeffa abbaa isheefi abbaa manaa ishee biyyootti makte. Bariiteefi Kennaan obbolawan ta'anii argaman.

### 4.3. Xiinxala Yoomessawwan  Asoosama Dheeraa Dhiigni Dhiiga HinDhabu

**Askeessatti yoommessawwan asoosama kana keessatti mul'atantu xiinxalama. Kunis haala armaan gadiin kan xiinxalamudha**

*Bara ijjoollummaa kenyaa yeroo saawwwan tiksinu sagalee qaqalloo teenya saniin:"Irraan gadee kaachise Abeebee Tufaa (2)Garaa irraanfate natti kaaftee cufaa (2) jechuun keenyas waa malee hin turre….(keeyyata 2:1).Finfinneef jecha barataan kuma hedduun lakka'amu tumamaee madaa'ee lubbuun baatees yaraa miti………..daldalaanis; barsiisanis; qonnaan bulaanis yaadera. Hiddi onnee isaanii dhiita'ee madaa'era……(keeyyata3:1).*

Waraabbii kanarraa kan hubannu yoomessi isaa keessatti, iddoon Finfinnee duriifi ammaati. Kana jechuun, Finfinnee durii yeroo Oromoon irraa jiraatee, irraa nyaatee, irratti farda gulufsiisaa loon isaa irra tikfachaa ture sanidha. Finfinneen amma immoo yeroo Oromoon alagan irratti salphatedha. Kana jechuun, mara mootiiwwan abaashaa irraa eegalee amma ammatti Ormoon Finfinneef jecha hidhamaa, reebbamaa, qaamaa irrachaafi lubbuun darbaa jira. Kanaafi eessa kan jedhuuf Finfinnee kana jedhame.

Yoom kan jedhuuf immoo, yeroo  Oromoon gadaan bulufi yeroo Oromoon Gadadoon buleedha. Kana jechuun, yeroo dacheen Finfinnee kan Oromoo ta'aa tureetti, yeroo Oromoon sirna gadaan walbulchaa aadaafi safuu isaa walbarsiisaa ture. Kan lammataa immoo yeroo Oromoon gadadoon buleefi bulaa jirus, ni hammata. Kun immoo yeroo bara boo'cha Oromoo ta'eedha.

*Haalli jireenya Bariiteefi haadha Bariitee karaarra waan ta'ef, bakka dhaabbataa ta'e hin qaban. Garuu, yeroo baay'ee asiphaaltii naannoo Caffee Araaraa (sadist kilo) hanga Daalatii( arat kiiloo) jiru irraa hin dhabaman(k2:3)*

Askeessatti yoomessi jiru; iddoo yoo ilaalle, Naannoo Caffe Araaraa kan Habashaan Sidist kiiloo jettefi Daalattii (Arat kiiloo)dha kun immoo iddoon murtaawaan isaa karaa asphaaltii irra. Yoom kan jedhuf immoo Oromoon erga qa'eefi qabeenya isaa irraa buqqa'eefi mootummaa Nafxanyaan buluu qabee as hedduun isaa karaarratti rakkataa jira.

*" Ani abbaa koos ta'ee haadha koo hin beeku. Godina Shawaa Bahaa magaala Adaamaa naannoo Adaamaa Buttaa (Mabirat Hayil) jedhamutti dhaabbata daa'imman haadhafi abbaa hin qabne guddisu keessatti guddadhe. Akka namani natti himetti Hordofaan abbaa koo osoo hin taane namicha yeroo ani daa'imaa lafaa na argee dhaabbata kanatti na fide. (k2:6)*

Waraabbii kana keessatti yoomessi mul'atu, iddoo isaa magaalaa Adaamaa naannoo adda Adaamaa Buttaa (Mbirat Hayil) dhaabbata daa'immaan haadhaafi abbaa hin qabne guddisu ta'udha.yeroon isaa adda ba'uu baatus, yeroo namni daa'ima dhale guddifachuu dadhabee kararratti gatu, bara rakkoon gama diinagdeefi siyaasan hawaasa miidhe jedhamee tilmaammamuu danda'a. kanaafuu, yeroo sanatti haalli jiruufi jireenya hawaasa kana nama hundaatu gadi ykn immoo oli osoo hin taane, yeroon isaa yeroo Oromoon qabsoo saba isaaf jedhee Bosonatti galee wayyaaneen mormaa ture ta'uun isaa seenaa asoosama kana kara fulduraatti ibsera.

*Guyyaa tokko bokkaan garmalee roobee mana haati Bariiteefi Bariitee waraqaataafi gataa sharaatiin ijaarratan jalaa diige. Yeroon ganama keessaa naannoo sa'aatii kudha lamaa akka ta'u timaamuun bayyee nama hin rakkisu. Waqtiin isaa Ganna. Baay'ee namatti dhaamota. Kanarra immoo bokkaan roobaa waan jiruuf lolaan karaarraa waan argate hunda qulqulleessaa deemara. Bariiteefi haatii Bariitee oliif gadi ilaalanii iddoo rooba itti caamsatan barbaacha eegalan. (k1:5)*

Waraabbii kana keessatti yoomessi, iddoon isaa karaarra bakka jiraatan yoo ta'u yeroon isaa immoo Waqtii Gannaati. Yeroo kana keessa immoo namoota karaa jiraatanif mitii kan mana ofii jiraatanifu yeroo rakkooti. Keessumattuu yeroo kan bona kuusan itti dhumu, caalayyuu qorra waliin yeroo beelli namatti hammaatudha. Caalayyuu immoo roobni garmaleessa roobuufi guyyaa keessa sa'aa 12 ta'udha. Kanaaf namoota karaarra jiraatan kan akka Bariiteefi haadhasheef immoo yeroo rakkoo ta'uu agarsiisa.

*…. Kanaaf jecha , Adaamaafi Finfinnee ga'uuf sa'ati meeqa akka nutti fudhate hin beeku. Yeroo buufata konkolaataa Hurufa Raaree (Awutoobis tara) magaalaa Finfinnee geenyu sa'aatii 9:45 ta'uu namoonni lamaan tookko yoo walitti himan dhaga'e. (k2:7)*

Askeessatti, yoomessi mul'atu, iddoon isaa Magaala Adaamaa irraa gara magaalaa Finfinnee yoo ta'u iddoon qubannaa namoota imalanii Hurufa Raaree (Awutoobis tara) magala Finfinneeti. Yeroo isaa guyyaa keessaa sa'aatii 9:45 ta'uudha. Kun immoo haala hawaasa sanaa keessatti tilmaamuu, ijoolleen kun dhaabbanni daa'imman guddistuu Adaamaa iddoo dhabee Finfinneetti kan hiruuf ka'e baay'achuu daa'imman haadhafi abbaa hin qabne ta'uu nutti agarsiisa. Kun immoo barichi bara dhibee hawaan maatiin dhuma ykn balaa umaamaaykn siyaasa ta'uu danda'a.

*Haati Dureessaa yaadaan manaa baha manatti deebi'uu jalqabde. " Manatti galee maatiin koo maal jedha? Maal nyaanna yaa waaq maal balleesse.." jedhaa garaashee keessatti gaaffii qofa tarreessuu eegalte. (k2:10)*

Yoomessi waraabii kanaa ifatti mul'achuus baatu, haati manaa Margaa addee Hinseeneen haalli jireenya ishee baay'ee gad bu'aafi mana namaa keessa yeroo hojjettutti, achii akka baatuu taasifamuun ishee gaabbii cimaa itti uumus, rakkoorratti kufuu isheeti. Kanaaf, yeroon isaa bara rakkinafi maatiin isheef bara rakkoo ta'uu isaat.

*Milkiin dargaggeessa cimaa dhukkuba sammuu qabu, kan akkuma Bariiteefi haadha Bariitee daandirra jiraatudha. Dhukkuba sammuu haa qabaatu malee waa'ee haadha Bariitee walaloo amaan gadii kana yoo barreesse dubbis…..(k3:13)*

Waraabbii kana keessatti yoomessi isaa, eessa kan jedhuuf daandirra yoom kan jedhu ifatti mul'achiuu baatus, haalla dargaggeessa kana tilmaamuun nama hin dhibu, walaloon inni barreese kan Afaan Oromoon kan haadha Bariitee dinqisiifatuus, afaan Oromooni. Kun immoo Dargaggeessa kana sammuu dhowwe biyya isaa falmatee mana hidhaatti reebicha irra ga'een xinsammuun isaa kan tuqame ykan dhimma biraaf ta'a.

*Margaan akkuma hojii ba'een duddatti meeshaa leestiroo harkatti daabboo qabatee Agamsaa gara mujjaa (shiroo meedaa) luka isaatiin imala jalqabe." Addunyaan tun maali? Ani maafa addunyaa tana dhufe? Ani lukaan kan biraa immoo konkolaataan!... (k2:26)*

Waraabbii kana keessatti yoomessi ifa ba'ee mul'achuu baatuus, margaan Lukaan Agamsa (Markaatoo) gara mujjaa (shiroo meedaa) deemuun isaa haala hiyyumma cimaa keessa jiraachuu agarsiisa. Kun immoo iddoon Agamsaafi mujjaa yoo ta'u, yoom kan jedhu immoo gaafa akkanati jechuun yoo dhibes, gargala ta'uun waan hojjeteen daabboo bite galuutu galgala ta'uu agarsiisa.

*Dureessaan guyyaa hojii jalqabaa isaatiin muuxannoofi galii qarshii kudha sadi (13) argatee oole. Galgala yeroo gara manaa galu qarshii afuriin (4) timaatima (tomato), shilingii tokkoon immoo ashaboo qarshii hafeen immoo harkatti qabatee gara mana maatiisaa imala jalqabe (k3:28)*

Waraabbii kana keessatti, yoomessi isaa yeroon yoo ilaallamu, bara ture ykn dur akka jennu nama taasisa. Kun immoo namni kophee qulqulleessu yeroo amman walbira qabamee yoo ilaallamu kopheen tokkoo qarshii Dureessaan guyyaatti hojjete kana dachaadha. Gatiin maallaqa timaatima (tomato) qarshii 4fi ashaboon shiligii ykn saantima shantamaa har'a qarshii 30 ykn isaa ol ta'a. gatiin timaatimaas akkasuma dachaa lama ykn isaa ol ta'a. kanaaf yeroon isa dur jedhama.

*Guyyaa tokko haati Bariitee ijoollee mana barumsaa galmeessuuf ulaagaa barbaachisu gaafachuuf mana barumsa "Yikkaatit 12" kophaashee imala eegalte. … Gonkuma seenuu akka*

*hin dandeenye erga itti himee booda "Tun maraattuu akkamiiti? Kan fayyaa qabuu barumsa barachuu dideera. Isheen immoo barachuuf "Na qabaa gadi na dheesaa jetti hoo? Um! Isheen illee booda "Na baasi! Na deebis" jedhaa sammuu kiyya akka isheetti na maraachuuf taati?"………"Budaan keessa hin beektuu agaree nyaatti" jedha Oromoo. Waardiyyichis, keessa ishee hin beekuu, uffataisheefi qaama ishee daalacha'e ilaalee "Maraattuu" jedheen ..(k1:45*)

Askeessatti yoomessi isaa, iddoon mana barumsa "Yikkaatit 12 " yoo ta'u yeroon isaa immoo ji'a fulbaana ta'a. sababni isaa yeroon galmee barattootaa Fulbaana waan eegaluuf.

*…..yeroo kana mootummaan loltootasaa meshaa waraanaa harka kaayee uummatan akka lolaniif Baaleetti erge. Loltoota yeroo sana Baaletti ergaman keessaa Baalchaan tokko ture.yeroo gara Baalee imalu meshaa waraanaa kanaan qomoosaa ajjeesuu akka hin qabneefi sabasaatif wareegamuu akka qabu of amansiise. (k2:53)*

Yoomessi waraabbii kana keessattimul'atu bara sirna mootummaa mootii Minilik, bara Baaleefi Arsiin Harargee dabalatee sirna isaaf jilbiiffachuu dide. Bara loltuu isaa erguun uummata Oromoo harka muraafi Harma muraa raawwate. Iddoon isaa immoo Baaleedha. Kanaaf yoomessa kana keessa garjabummaa mootii miniliik Oromoon Oromuma cabsuun bara itti ta'eedha.

*Dur iddoo siidaan jiru kanatti yaa'ii odaa Guullalletu ta'amaa ture. Kooraan inni yaabe kun immoo kan Oromoo Galaan Siidaa Dabalee akka ta'e seenaan afaan baatee, dubbata. Mootiin kun nama dhiiga Oromootiin qaama dhiqateedha. Lubbuu Oromoo kuma hedduun lakka'amu Aanoleefi Calanqoo irratti biliq godhe. Foon harkaafi harka labata keenyaa muree nyaate. Kanaaf garjabummaasaafi kan firoottan isaa dagachuu hin qabnu….(*k2:55)

Yoomessi waraabbii kanaa, yeroon isaa dur, jechuun bara Oromoon Ofiin sirna gadaa isaan bulaa ture. Yeroo ofiin bulu ya'ii qabatee walmariisisu. Yeroo aangorra ofii walbaase buusuu danda'u bara gadaati. Yerichi kan dubbatame garuu bara mootummaa wayyaaneti. Iddoon isaa immoo bakka siidaan Mootii Miniliik itti dhaabbatedha. Haalli bara sanaas Oromoota haalan kan gaddisiisedha.

*.....waa'ee bilisummaa Oromoo qofa yaada. " Garuu gabrummaan tana caaltu ni jirtii laata? Uummanni Oromoo maal eegaa jira? Maaf waliif hin tumsu? Oromootu goota dhalchuu dhiise moo? Calii Calnqoo harma muraa Aanoolee dagatan moo? Hayii Arsiin goota akka Leenjisoo Diigaa hoomaa hin dhalchinee?.......Oromoon cirracha jedhan lugna duwwaa lakka'aniiti eedaa?......gaaffii tarreesse ..(k1:63)*

*Bilisummaa… jettee yeroo lama jala sarartee walaloo ishee jalqabde*

*Eessa jirta, eessatti argamta?*

*Yoomgalata? Yoom dhufta?*

*Maaf akkas nurraa turtee,*

*Qalbii nu roraasta.*

*Osoo sitti dhiyaannuu,*

*Maa nurraa fagaatta?*

*Nutti mul'attee,*

*Maaf abjuu nutti taata?*

*Eessa jirta, eessatti argamta? (buufata1:105)*

Yoomessi waraabbii kanaa, gabrummaan maalif Orommurra turti. Kun immoo gootonni dur lakka'amaa turan dhaloonni bakka bu'u hin jiruu waan jedhu qabaatus, dhaloonni bilisummaaf dheebote qabsaa'uu didee osoo hin taane, gabrummatu bifa isaa jijjiirate. Gantuufi kan saba ofii garaan jijiiratu baaya'annan gabrummaan hidda fageeffate malee qabsoon dhabame miti. Kun immoo dhaloonni bilisoomne jedhee osoo yaaduu, garuu inni gabrummaa adda biraa kan nuti duraan hin beekne ta'ee dhalchuun kallattii qabsoo jijjiree kan dhufe sirna amma Oromoo bulchaa jiru kan ibsuudha. Sababni isaa, dhaloonni bilisoomne jedhee osoo yaaduu gabrumman bifa biraan dhufe.

*"Oromummaan irraanfadhee bar! Kan Oromoon gamatti jibbun gamana baaseem?obboleessaafi obboleetti kiyyaan jibbeem bar!" jedha keessa isaatti of yakka……Obbo*

*Tolaasaafi AddeeAzeeb gidduu garaagarummaan qomoo jiraachuu isaa walitti bu'iinsa isaanis dhagaa bu'uuraa cimaa ta'era. Daa'imni yeroo dhalatu, Adde Azeeb " maqaan daa'ima kootii mogga'u hidda kiyya ibsu qaba jetti. Osoon ani lubbuun jiruu dhiiga koo haalluu keetiin hin tuqxu jechaa tirrii dhiitti…..ijoolleen ishee afaan Oromoofi aadaa Oromoo akka hin barre, uffata aadaa Oromoo akka hin uffanne qoqqobii cimaa labsite….Obbo Tolasaan …."Qomoo kootu na abaare. Dhuguma dhiiga Oromoo jigsee kan warrshee waraabe" jedha gaabbii of guuta…..Adde Azeeb bareedina; dhaabbii, amalaafi qabeenya Obbo Tolasaa baay'ee jaalatti. Garuu, Oromoo ta'uusaa amma jaalattu sanaa olitti jibbiti…..Adde Azeeb yeroo baay'ee ijoollee ishee Maqaleefi Finfinnee giddu garmamsisiti. Haalli kun immoo Oromummaa qaban akka dagatan ta'era. (k1-2:67, k3:68)*

Yoomessi waraabbii kanaa, iddoon isaa naannoo Caffee Tumaa mana Obbo Tolasaafi Adde Azeeb keessatti yoo ta'u, yoom kan jedhuuf, bara Tigreen Angorratti baatee, Oromoo akka diinatti ilaalaa turteedha. Kun immoo keessumattu, Oromummaa cabsuun, eenyumma, seenaa, duudhaa, afaanfi kkf Oromoorraa mulqanii kan ofiin bara laaqan kan agarsiisu bara sirna mootummaa wayyaaneti.

*Asiin dura afaan Oromoo yoo barbaanne ittiin weeddisna, yoo barbaanne seenaa ittiin walbarsiifna. Waggaa torbaa as garuu afaan Oromootin weeddisuu mitii jecha afaan Oromoo tokko mooraa kana keessatti sagaloomsuun yakka ta'eera. Dhiifama nuugodhaa!! Eenyummaa keenyarraa luugamaneenyaata argachuun keenya nu gammachiisaa hin jiru. (k2:72)*

Yomessi askeessatti mul'atu bara afaan Oromoo dubbachuun akka cubbuutti ykn akka yakkatti kan ilaalame. Bara Oromoon afaan isaa waliin gabroomee afaan biraan rakkatu, ittiin dirqama baratu. Yoo waan tokko kaase kan mana hidhaatti ittiin darbamu ykn immoo hidhamu kan agarsiisudha. Kanaaf bara Oromoof gabrummaa, dukkanaafi gadaadoo yeroo tureedha.

*Obbo Baalchaa yeroo magaala Finfinne daandii ganda Birbirsa Gooroo irra jiaataa ture san quufus, beela'us keessi isaagammadee hin beku. Dhiigni Oromoo akka bishaan Gannaalee yaa'ee kan lola'e Reeffi Oromoo kuma hedduu lakka'amu awwaala dhabee Cululleefi waraabessaan kan nyaatame, Calnqoofi Aanolee irratti dhiigni keenya kan dhibaafame siin akka ta'e yoomuu hin dagadhu.(k2;75)*

Waraabbii kana keessatti yoomessi, iddoon Oromiyaa iddoolee garagaraatti, warra sina isaaf jilbiiffachuu dide ajjeesuun reeffa isaani badheetti gatuu Anoleefi calanqoo, ajjechaa uummata Baaleefi Harargeeti; yeroo isaa immoo bara sirna nama nyaataa abbaa hirre, bara mootii miniliik.

*Har'a lafti baay'ee dukkanaa'era. Dukkanni naannoo san gurrachesera.waan naannoo san jiru fagoodha ija qullaa arguun hi danda'amu.obbo margaafi obbo Jabeessan uffata qorraaf ta'uuffatanii, san irraan immoo shaawaa gurraacha qorra namarraaa dhoowwutokko kaawwatanii, harka bitaatti ulee, harka mirgaattitirika, dugdatti immoo qawwee dheeraa muka qoraanii fakkaatu baadhatanii balbala mana barumsaa kan gubbaa dhabbataniru.(k1:95)*

Waraabbii kana keessatti,yoomessi isaa iddoon mana barumsaati. Yeroon isaa immoo waqtii gannaa, yeroo qorraafi roobni hamaan jiru. Akkasums, bara hattuun itti hamate jedhamuu danda'a. sababni isaas, haalli uffanna isaanii yeroo gannaa ta'uu agarsiisa. Sanarra darbee,halkaan gara bariillee ta'uu mala. Dukkanni barii jalaa waan ulfaatu.

*Ani dandeetti sirbuu nan qaba ture. Bara san afaan Oromootiin sirbuu mitii afaan Oromootiin haasa'uunuu nama adabsiisa ture. Garuu ani sodaaf jecha weellisuu hin dhiifne. Bakka dhoksaatti hiriyoota koo waliin weellisaa ture. Booda garuu naannoo itti dhaladhetti( Wolloo) haalli itti weellisu natti ulfaannan gara magaala Harar baqadh.(k3:110)*

Yoomessi waraabbii kana kessatti mul'atu, mara afaan Oromoo Raadi'oo cabsa jechuun afaan Oromoo dubbachuu nama adabsiisurra darbee nama ajjechusu, bara mootii Hayilasillaeti. Haa ta'u malee bar asana keessa Raadi'oon maqaadishoofi hararitti, akkasums, sheek Bakirii Saphaloo fa'an yeroo sana sirbaafi bardii arfan qalloo dhaabuun kan guddina afaan Oromoof gumaachaniidha.

*"HOTEELA MIILA BAKAR WAAREE" ...seensa hotelaa irraa eegalee mooraa keessatti akkasumas, mana keessatti suura namoota bebeekkamoo kanneen akka Hayilee Fidaa, Jeneraal Taaddasaa Birruu, Alii Birraa, Nuhoo Goobanaa, Nadhii Gammadaa, Baaroo Tumsaa, Eebbisaa Addunyaa, Usmaayyoo Muusaa, koloneel Aliyyii Cirrii, Abbishee Garbaa, Elemoo Qilxuu, Abbaa Gammachiis, Asteer Gannoofi kkf harkaan bocamee dhaabaa manatti fannifamera. (k1:127)*

Yoomessi waraabbii kanaa ifaan mul'atuu baatus, Finfinnee keessatti maqaa Goota Oromoon mitii maqaa Oromootinuu waammamuun salphina. Haa ta'u malee, yeroo maqaan goota oromoon mana barumsaa, hotela adda addaa itti mogga'uu qabe bara kufaatiii mootummaa wayyanee gaafa dhiyaatudha. Sababni isaa manni barumsa JENEAL WAAQOO GUUTUU, MANA BARUMSA JENERAL TAADDASAA BIRRUUFI kkf yeroo dhiyoo keessa Finfinneetti hojii jalqaban waan ta'eefidha.

*Biyyeen biyya kanaa kooti*

*Ani dabeessa miti*

*Dabeessatu waan irra oolef*

*Waan irra oole wallaala*

*Dacheen tun seenaa kooti*

*Eegaa akkamitti godhamee?*

*Seenaafi eenyummaa*

*Maalummaafi namummaa koo wallaala*

*Waan irratti ta'e beeka*

*Irratti nyaadhe irratti daldalee*

*Irratti argadhe, irratti dhabe*

*Irratti dhalchee*

*dhalli koo irratti awwaalame*

*irratti reebame, irratti moo'ame*

*kana hunda osoo beekuu*

*akkamittan qabeenya koo*

*diina dhaalchisa mee (fuula, 139)*

yoomessi walaloo kanaa, yeroon isaa Oromoo gabrummaa keessa jiraata tureefi har'as jiraachaa jiruudha. Eessatt kan jedhuuf immoo Oromiyaa keessatti. Kanaafuu, oromoon lafa isaa Oromiyaaf jecha duris, har'alle du'aa, reebbamaa,achi buuteen isaa dhabamaa, hidhamaafi qaamaa hi'achaa jiraata.

*Samiin gurraachatee, abaaboon daraareera. Ganni darbee Birraan naannoo ibseera. Birraa yeroo Masqalaa, yeroo kana Oromoon Kaabaa, Kibbaa, Bahaa, lixaa jiru ayyaana Irreechaa kabajuuf jala bultii Bishooftutti walga'aniru. Obbo Baalchaanis, guyyaa lama dura Finfinnee ka'anii miilan imala irra jiru. (k3:163)*

Yoomessi askeessatti mul'atu, yeroo Oromoon Ireechaf malkaa bu'ee waaqasaa kadhatudha. Kun immoo Ganni darbee, birraa, ji'a Fulbaanaa Masqalli darbe booda irreeffatama. Iddoon isaas, Hora Harsadii (Bishooftudha). Yeroo kana Oomoo maraafuu gammachuu kan ta'e bakka Oromoonni wagga tokko oliif walirra turan itti walargan waan ta'eef, irrechi bakka walagaa Oromootati. Iddoo waaqeffanna, agarsiisa aadaafi kkfdha.

*Uummanni Oromoo uummata baldhaa jibaafi ukkamsaa keessa jiraatedha. Ammas jiraata jiruudha. Baara qeesii abbaa Baahiree seenaa Oromootaa jallisee barreesse san irraa eegalee sabni biraa uummata Oromoo jaalate hin jiru; hin agarre. Seenaa bara sana katabamte, jette jetteedhan sammuu nama seentee biyya keessatti Oromoota Bineensa addaa taasiste.seenaa dabaa kanaan sammuu of dabsanii, Oromorratti daba hojjetuu eegalan. (k2:168)*

*Yoomessi waraabbii kana bara qeesiin Abbaa Baahiree, Oromoo jechuun 'Gaallaa" innis, bineensa guddaa nama nyaatu jechuun jibbummaa snyii Oromoo irraa qaban Habashoonni Kaabaa maqa balleessa nurrati raawataniidha. Kun immoo hamilee gootota Oromoo cabsuuf itti yaadamee seenaa xuraa'aa Oromoo hin fakkanne kanan waamanis, kaayyoofi qabsoo gootata wareegamaniin dhugaan seenaa Oromoo, Oromoon uummata hammataafi jaalalaa akka ta'e raga ba'amera.*

**4.4 Hariiroo Yoomessafi Qabatamaan Oromoo Biratti Har'a mul'atu**

Yoomessi armaan olitti ibsame haala qabatama uumataa kan amman walbira qabamee kan ibsameedha. Kun immoo yoomessi yeroofi iddoon agarsiisu kallattin sirna mootummafi, bar asana adda baasuun ibsa.

- ❖ *Bara ijjoollummaa kenyaa yeroo saawwwan tiksinu sagalee qaqalloo teenya saniin:"Irraan gadee kaachise Abeebee Tufaa (2)Garaa irraanfate natti kaaftee cufaa (2) jechuun keenyas waa malee hin turre….(keeyyata 2:1).Finfinneef jecha barataan kuma hedduun lakka'amu tumamaee madaa'ee lubbuun baatees yaraa miti………..daldalaanis; barsiisanis; qonnaan bulaanis yaadera. Hiddi onnee isaanii dhiita'ee madaa'era……(keeyyata3:1).*

Amma qabatamaan yoo ilaallu, seenanis kan kaasu Finfinneen dachee Oromoon irratti loon horsiifatu, fardeen gulufsiisu, yaa'ii irratti taa'u, tumaa irratti tumatuufi faallaa isaa har'ammoo irratti du'u, qabeenya isaa irraa ari'amu, isaaf qaamaa miidhamifii kkf qabatamaan Finfinnee keessatti mul'ata.

- ❖ *Dureessaan guyyaa hojii jalqabaa isaatiin muuxannoofi galii qarshii kudha sadi (13) argatee oole. Galgala yeroo gara manaa galu qarshii afuriin (4) timaatima (tomato), shilingii tokkoon immoo ashaboo qarshii hafeen immoo harkatti qabatee gara mana maatiisaa imala jalqabe (k3:28)*

Yoomessa kanaafi haala uummata yeroo kanaa qabatamaan yoo ilaalle, kun immoo tasuma walhin argu. Sababni isaa haalli yoomessi kun keessatti barreeffame, ashaboon shilingiiykn saantiba shantamaa jira. Har'a garuu saantibni shantama mitii qarshiin 5 gatii ashaboo ta'uu hin danda'u. dabalataanis, haalli hojii Dureessaa oolmaa guyyaa tokkoon qarshii13 amma garuu kopheen tokko qarshii 30 gadi hin suphamu. Yoo qulqulleessu ta'e immoo qarshii 10. Kanaafuu yoomessifi haalli jirenya uumata walhingitu.

- ❖ *Samiin gurraachatee, abaaboon daraareera. Ganni darbee Birraan naannoo ibseera. Birraa yeroo Masqalaa, yeroo kana Oromoon Kaabaa, Kibbaa, Bahaa, lixaa jiru ayyaana Irreechaa kabajuuf jala bultii Bishooftutti walga'aniru. Obbo Baalchaanis, guyyaa lama dura Finfinnee ka'anii miilan imala irra jiru. (k3:163)*

Oromoo biratti ayyaanni Irrechaa kabajaafi bakka guddaa qaba. Oromoon Irrecharratis, bakka safuutti lubbuu qaqqaalii heddu dhabe. Dur fagoo irraa ka'ee miilaan imala torbee tokkoo deemun Irreecha qaqabbee Irreeffate nagaan gala. Haala qabatama amma uummata Oromoo bira jiruun immoo Oromoo amma waraqaa eenyummaa kadirootaa yoo qabate malee ni dhorkama. Isayyuu lakkofsa nama muraasatu irrecha irratti argama. Kana bara salphinaa Oromoon

Irreecharra dhorkamaa jira. Kanaafuu, yoomessi asoosamaafi dhugaan hawaasa keessa jiru walfaallessa.

Kanaafuu akka waliigalatti yoomessi sakatta'ameefi haala qabatamaan har'a uummata keessatti mul'ataan kan haiiroo sirrii yoo qabaatan, kun immoo waliif faalladha.

**4.5 Ga'ee Caacculeen Asoosamichaa Yoomessa Ifa Gochuuf Tumsan**

Caacculeen asoosamaa, sabseenni, namfakileen, ergaan, waldhabbiifi kkf yoomessa ifa gochuuf tumsan haala gaariin kan tumsaniidha. Keessumattuu, namfakkileefi sabseenni ga'ee guddaa taphataniru.

- *" Ani abbaa koos ta'ee haadha koo hin beeku. Godina Shawaa Bahaa magaala Adaamaa naannoo Adaamaa Buttaa (Mabirat Hayil) jedhamutti dhaabbata daa'imman haadhafi abbaa hin qabne guddisu keessatti guddadhe. Akka namani natti himetti Hordofaan abbaa koo osoo hin taane namicha yeroo ani daa'imaa lafaa na argee dhaabbata kanatti na fide. (k2:6)*

Yoomessa kana ifa gochuf kan ga'ee guddaa taphate namfakkilee, Almaaz ykn haadha Bariiteefi Bariitedha. Sababni asaa yoomessi kun gaafiifi deebii haadha Baiiteefi Bariiteen yeroo iddoo dhaloota haadhaa gaafattudha.

- *.....yeroo kana mootummaan loltootasaa meshaa waraanaa harka kaayee uummatan akka lolaniif Baaleetti erge. Loltoota yeroo sana Baaletti ergaman keessaa Baalchaan tokko ture.yeroo gara Baalee imalu meshaa waraanaa kanaan qomoosaa ajjeesuu akka hin qabneefi sabasaatif wareegamuu akka qabu of amansiise. (k2:53)*

Yoomessa kan ifa gochuuf kan ga'ee taphate, sabseena ykn jaargochafi namfakkileedha asoosamichaati. Innis, caalatti namfakkiin Obbo Baalchaa jedhamu, seenaa isaa waan waraana mootumma keessatti dabarse yeroo, karaarratti Almaazfi Kennaatti waa'ee qabsoo Oromoo himuudha

- *.....waa'ee bilisummaa Oromoo qofa yaada. " Garuu gabrummaan tana caaltu ni jirtii laata? Uummanni Oromoo maal eegaa jira? Maaf waliif hin tumsu? Oromootu goota dhalchuu dhiise moo? Calii Calnqoo harma muraa Aanoolee dagatan moo? Hayii Arsiin*

*goota akka Leenjisoo Diigaa hoomaa hin dhalchinee?.......Oromoon cirracha jedhan lugna duwwaa lakka'aniiti eedaa?......gaaffii tarreesse ..(k1:63)*

Waraabbii armaan olii kana keessatti yoomessa kana kan agarsiisuu ykn ifa taasise waldhabbii keessoo namfakkii, sabseenaafi ergaa isaati. Kun immoo namfakkiin Baalchaa jedhamu sababa Oomoof, Bilisummaan dhibeef goota akka kaleessatu hin dhalanne moo jedhe yoo ofii waliin waldhabuufi seenaa kaleessaa kaase gootonni akka dur maaf dhibe jedha kun immo sabseena.

Walumaagalatti tokkoon tokkoon caacculee asoosama qoannof sakatta'ame yoomessa sakatta'ame ifa gochuuf ga'ee isaanii kan ba'aniidha.

# Boqonnaa Shan: Guduunfaa, Argannoofi Yaboo

Boqonnaa kana jalatti, dhimmooni sadii: guduunfaa, argannoofi yaboon bakka itti ibsamanidha. Kunis bifa armaan gadii kaayamera.

## 5.1. Guduunfaa

Qorannoon kun mata duree "Xiinxala Yoomessa asoosama dhiigni dhiiga hin dhabu" yoo ta'u boqonnaalee shanitti qoodamee kan qoratameedha.Innis kutaan jalqabaa seensa, kutaa lammaffaan sakatta'a barruu, kutaa sadaffaan, malleewwan qorannoo, kutaa arfaffan xiinxala ragaleefi shanaffaan immoo guduunfaa, argannoofi yaboo kan hammatuudha.

Qorannoon kun kaayyoo irratti hunda'ee qorannoo bu'uuraa, haalli dhiyaannaa isaa immoo waa'ee yoomessa asoosamaa ibsuu waan ta'eef ibsituudha.Maddi ragaa tokkoffaan qorannoo kanaa asoosama 'dhiigni dhiiga hin dhabuu' yoo ta'u, akka madda raga lammaffatti kan fudhataman kitaabileefi waraqaa qorannoowwaniti.Tooftaan xiinxala raga qorattuun itti gargaaramte dhimmoota lakkofsan walqabatanii xiinxalaman waan hin jirreef yaadrimee ykn akkamtaadha.Kanaaf qorannoon kun yoomessa asoosamicha keessatti argaman xiinxalamanii jiru. Isaanis yoomessa, hariiroo yoomessaafi haala qabatamaa uumata har'aafi ga'ee caacculee asoosamaa yoomessa ifa gochu irratti kan jedhu xiinxalamera.

## 5.2 Argannoowwan

Argannoon qorannoo kanaa kaayyoo gooree kaayyefatame irratti kan hunda'u yoo ta'u, innis tokkoon tokkoon kaayyoo gooree hojiin agarsiifamee ibsamudha.Kun immoo kallattii argannoo qorannoo kana gama xiinxala yoomessa asoosamaa giddugaleessa godhachuun xiinxalamanii jiru.Isaanis kanneen armaan gaditti ibsamanidha.

- Kaayyoo qorannoo kanaa inni jalqabaa, xiinxala yoomessawwan asoosama " Dhiigni dhiiga hin dhabuu" kunis tokkon tokkon isaanii iddoo dhimmoonni sun itti ta'aniifi yeroon raawwii keessatti kan sakatta'amedha.
- yoomessifi hariiroo qabataamaa hawaasaa keessatti, haalli qabatama hawaasaa yoomessa kanaan yoo walbira qabaman haalan kan mul'atanifi nama barsiisuu danda'u bira ga'amera.
- Tokkoon tokkoon yoomessa kanaa caacculeewwan asoosamaan tarree galanii kan ibsamaniidha. Kanaafuu tokoon tokkon caacculee asoosamas, yoomessa ibsuu keessatti tumsa qabaachuu ibsamaniru.

### 5.3 Yaboo/ Yaada Furmaataa

- Qorannoon kun asoosama ‘dhiigni dhiiga hin dhabu’ jedhu irratti kan yoomessa qofarratti xiyyeeffatudha. Kanaafuu caacculee asoosama kanaa warri hafan qorannoo barbaadu waan ta’eef namni qorannoo asoosama kanarratti gaggeessuu barbaade osoo caacculee biroo, jechuun yoomessaan ala qoratee bu’aa guddina ogbarruu Oromoof buusuu danda’a.
- Akkasumas, asoosama kanarratti ija qeeqqoo ogbarruun osoo qoratamee waa’ee Oromoofo Oromiyaa caalatti asoosama ‘dhiigni dhiiga hin dhabu irraa argachuu danda’a.
- Dabalataanis amma ammatti namni asoosama kana hin dubbisne, ergaa cimaa waan qabuuf osoo dubbistanii irraa barattu jedheen amana.

## WABII


Addunyaa Barkeessaa.(2018). *Semmoo*.Bu'uura Barnoota Afaaniifi Oromoo. Max,3ffaa Finfinnee

___________________. (2010). Akkamtaa: Qorannoo Hujoo Oromoo. Finfinnee: efficient printing press.

Amaan Adamifi Baahiruu Dirribaa.(2006). *Royaal*. Barnoota Afaan Oromoo max 2ffaa Finfinnee:Oromiyaa

Birhaanuu Maatiwos .(2013*). Fundemantals of Literature.*Addis Ababa:Addis Ababa university press.

FedhasaaTaaddasaa.(2017).*Bu'uuraalee Ogbarruu*.Finfinnee:Ilsaba publishing

Jaarraa Wasaneefi Wasanee Bashaa.(2008).*Bantuu Haaraa*.Caaslugaafi ogbarruu Afaan Oromoo.Finfinnee: Oromiyaa

Jawaaroo Nagawoo .(2018). Dhiigni Dhiiga Hin Dhabu. Maxxansa 1ffaa. WEGFGTA Printing press

Melakneh Mangistuu.(2003).Fundementals of literature.2nd edition.Addis Ababa:Branna P.E

# Waraqaa Mirkaneeffannoo

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti heerame waraqaan qorannoo kun hojii koo ta'uu ibsa. Kanaan duras yuuniivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hin dhiyaanne ta'uu Isaa, akkasumas, wabiilee qorannoo kanaaf fayyadame haala Serra qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessa galchuu koo nan mirkaneessa. Akkasumas, Gorsaa qorannoo kanaa kan ta'an hojii qorannoo kun kan qorattuu kanaa qofa akka ta'e mirkaneessuuf mallattoo isaanii armaan gaditti mallatteessuun mirkaneessaniru.

Maqaa Qorattuu: ____________________

Mallattoo: __________________________

Guyyaa: ____________________________

Maqaa Gorsaa: _______________________

Mallattoo: ___________________________

Guyyaa: _____________________________